Goototni Qeerroon Bilisummaa Oromoo fi Daragaggootni Barattootni Oromoo , Beektotni hayyootni Oromoo fi qabsa'otni Oromoo Ebla 15 Guyyaa Goototа Oromoo Oromiyaa Gidduu Galaa Fi Handhuuraa Oromiyaa Maagaalaa Finfinnee Keessatti Bifa Ha'aa Ta'een Ebla 15#GGO kan Bara 2016 Kabajamtan!!
Goototni Hoggattootni Qabsoo Bilisummaa Oromoo Warraaqsaa (FDG-FXG) Qeerroon daraggootni Oromoo , sabboontootni goototni Oromoo fi goototni Barattootni Oromoo sadarkaa adda addaa irratti walitti dhufuun Ebla 15 Guyyaa Gootota Oromoo(GGO) dungoo halluu Diimaa Magariisaa Diimaa qabu halluu alaabaa ABO qabsiifachuun seenaa gootota Oromoo Kaleessaa fi Har'aa waliif ibsuun Kaayyoon Goototni Oromoo irratti wareegamaanii fi wareegamaa jiran tokkicha ta'uu fi kayyoo haqaa kan dhugaa bilisummaa saba Oromoo hunda hammatee ta'uu ifa waliif gochuun kayyoo Goototni Oromoo Irratti wareegamaa qalii kanfalaa jiraniifi nuti dhalootni har'aas xummura itti gochuuf wareegama qaalii kan itti kanfalaa jirruu fi Uummatni keenyaa Uummatni Oromoo Oromiyaa cufa keessatti Warraaqsaa FXG keessatti qooda olaanaa kanfalaa jiraachuu waliif ibsuun FXG marsaa 5ffaa Guyyaa Gootota Oromoo Sababeeffachuun qabsiifamee finiinfamaa jiruu daran jabeessuun abbaa irreetti xummura gochuuf Irbuu Qabsoo Bilisummaa Oromoo haaromsachuun bifa Adda ta'een Kabajamee jira!!
Haaluma Wal fakkaatuun Magaalaa muummee Oromiyaa Magaalaa Finfinnee Keessatti goototni Docterootni Oromoo, Hojjettootni, Engineerotni Oromoo, barattootnii fi sabboontootni uummatni Oromoo Walitti dhufuun bifa addaa ta'een Guyyaa Gootota Oromoo Ebla 15 kan bara 2016 bifa adda ta'een kabajatan!!
Seenaa Gootota Oromoo fi Sababaa Ayyaana Guyyaan Gootota Oromoo itti kabajamuuf ibsa gabaaba waliif gochuun Xiiqeffaannaa fi Onnee Oromummaa dhugaan Guutameen jaalalaa fi kabaja Gootota Oromoo Qabsoo dhugaa fi kaayyoo dhugaa kan Kallachaa qabsoo Bilisummaa Oromoo ABO durfamuun geeggeeffamuun bilisummaan uummata Oromoo fi walabummaan Oromiyaa yeroo gabaabaa keessatti galii isaa kan ga'uu ta'uu waliif ibsan. Sababaa Yaadannoo guddaa kan Bifa Ayyaana Ebla 15 Guyyaa Gootota Oromoo jechuun kabajacha jiraniin wal qabsiisuun Ibsa qabxiilee Hubannoo fi Eejjennoo qabsoo bilisummaa Oromoof qaban ibsu qabxii shan(5) dabarfachuun kabajame walitti cuunfuun qindeessinee uummataa Keenyaa baldhaaf dhiyeessinerra!!
1. Goototni Keenyaa Gaafa gammoojjii Ogadeen bakka shinniggaa jedhamutti wareegama Hooganoota qabsoo bilisummaa Oromoo ABO sadarkaa Durataa'aa hanga sadarkaa I/A Dura ta'aatti keessatti argamaan ilmaan Oromoo 10 Bilisummaa Oromoo, walabummaa oromiyaa fi Tokkummaa Uummata Oromoo dhugoomsuuf Boolla tokkotti rashanaman yemmuu Yaadannu:

a. Jaal Magarsaa Barii (Barisoo waabee) Dura ta'aa ABO,
b. Jaal Gadaa Gammadaa (Damisee Tacaanee) I/A Dura Ta'aa ABO
c. Jaal Abbaa Xiiqii (Abboomaa Mitikuu)
d. Jaal Doorii Barii (Yigazuu Bantii)
e. Jaal Falmataa Biyya Abbaa (Cacabsaa)/Umar Ibraahim Galmoo)
f. Jaal Faafam Dooyyoo
g. Jaal Irranaa Qacalee (Abdi Nuur Sheek Hasaan)
h. Jaal dhadacha Boroo
i. Jaal dhadacha Muldhataa
j. Jaal Marii Galaan Mohaamed Ibraahim faa kanneen Turanitu hadhaa qabsoo nuuf unee Oromiyaan argaa jirruu fi uummatni Gootni Uummatni Oromoo jirruu kun akka jiraannuu taasise.
2. Gootota ilmaan Oromoo Gaafa Calii Calanqoo, Aanoolee fi Ilmaan Oromo Walloo fi Raayyaa gootummaa Guddaan Eenyuummaa Oromummaa fi Oromiyaaf Falmaa Hadhaawaa gochuun Wareegamaa qaalii takkaa hin jirree baasuun NU uummata Oromoo Eenyummaa fi aadaa fi

Aafaan keenyaa Waliin akka Jiraannuu fi biyyaa keenyaa Oromiyaa jiraachisuuf kan Wareegaman ni yaadannaa, ittin boonna!

3. Gootoota Ilmaan Oromoo Godinaalee Oromiyaa garaagaaraatti baroota dhufaa darbaa Oromoo fi Oromiyaa lafee fi dhiiga isaanii itti Cobsuun Uummata keenyaa guddaa kabajamaa fi goota bilisoomsuufi Oromiyaa Walaboomsuuf bifa Jaarmiyaa fi namtokkee Wareegamaa qaalii baasaan ni yaadannaa Maqaan isaanii galmee seenaa irraatti kuufamee jiruun bara baraan yaadatamu!!

4. Qeerroo dargaggoota Oromoo gootummaa abbootii keenyaa jagnoota keenyaa irraa dhaaluun yeroo garaagaraa fi Ifatti immoo qindeessuummaa ABOtin Warraaqsaa Bara 2005 FDG irratti wareegamanii hanga bara 2016 FXGtti Uummata keenyaa cufa Oromiyaa golee cufarratti Wareegama ulfaata kanfaluu Qabsoo Bilisummaa Oromoo sadarkaa idil-Addunyaatti beekamtii addaa kennisiisanii fi Qabsoo Bilisummaa Oromoo Dhigaaf lafeen sadarkaa Xummuuraa irraan ga'anii jiran maqaan Isaanii Galee seenaa Oromoo irratti galmeeffamee jiruu fi kanneen hin galmeeffamiin galmeessuun bifa addaa ta'een yaadanna!! Keessattuu qabsoon bilisummaa Oromoo Bifa Ijaaramee fi qindoomina addunyaa gonfateen Qeerroon Bilisummaa Oromoo, Gootatni Barattootni Oromoo Warraaqsaa FDG Ebla 11/2014 irraa eegaluun hanga Ebla 2016tti FXG qindeesseen waraaqsa addatti Oromiyaa keessatti qabsiiseen qabsoon bilisummaa Oromoo wareegama qaalii akkaan ulfaataa kanfaluun cinatti injifannoo cululuqaa galmeessuun mootummaa abbaa irree miilla tokkoon kan dhabee fi bilisummaa Oromoo sadarkaa gonfachuu irra ga'ee jiruu fi Qabsichi hoggansa gara kuteessaa fi bilchina qabachuutti abdiin keenyaa guddaa ta'uu uummata keenya hubachiisna!!

5. Mayyii irratti bara kana Ebla 15 Guyyaa Gootota Oromoo(GGO) qabsoo FXG wal irraa hin citnee kan marsaa 5ffaa qabsiisuun gaggeessaa utuu jirruu bifa ho'aa ta'ee fi dammaqinsa guddaa qabuun kabajachaa kan jirru ta'uu irraa marii fi Irbuu keenyaa qabsoo Xummuraan geenyee jirruu fi balbala bilisummaa irra geenyee kan jirru warraaqsaa FXG marsaa 5ffaa daran jabeessuun abbaa irreetti xummuraa gochuu qofatu furmaata ta'uu uummataa keenyaa fi qabsaa'ota, sabboontoota keenya hubachiisuun, Guyyaa Kanaana Suuraa Gootota Oromoo ittin dhaadannuu uummata keenyaaf raabsaa fi Barruu itti fufinsa Warraaqsaa FXG marsaa 5ffaa eegallee jirruu jabeessuu qindeessuun uummata keenyaaf tamsaasuun haala addaan kan kabajamee fi ''Dhaadannoo Gumaa Gootota Keenyaa Bilisummaan baafna!, Bilisummaan Walabummaa fi birmadummaan baranuma!! jedhuun haala ajja'iba ta'een Guyyaan Gootota oromoo kabajamuu gabaasa kanaan addeessina!!

Ebli 15 Guyyaan Gootota Oromoo Godinaalee fi aanota Oromiyaa cufatti akkuma Haalli aanjaweefitti illee itti fufinsaan kabajamaa jiraachuun isin beeksifna!!

Injifannoon Uummata Oromoof!!

Gadaan Gadaa bilisummaati!

Qabsaa'aan ni Kufaa Qabsoon itti fufa!!

Oromiyaa Finfinnee

Ebla 15/2016